Barnoota

Ogummaa fi Teekinikaa

Kitaaba Barataa

Kutaa 7

Barreessitoota: Geetaachoo Habtaamuu(PhD)

Ashannaafi Kabbadaa (PhD)

Hiiktoota: Gammachiis Namarraa(MSc)

Maatii Tolasaa(MBA)

Aynaalam Nugusuu(MA)

Qindeessaa: Gammachiis Fiqaaduu Garbii

Roobii Waamii

Saxaaxa: Koolleejjii Pooliiteeknikaa Inxoxxoo

BOQONNAA 4

4. CARRAA HOJII OFIIN UUMMACHUU

Kunuunsa rifeensa mataa, Kunuunsa qeensaa, Ho'aa fi Kemiikaalaan jarmoota to'achuu

Bu'aalee barannoo:

Xumura barnoota kanaan booda:

- Kunuunsa mataafi akkaataa rifeensa mataa sirreeffamu ni ibsu.
- Tooftaalee bu'uura rifeensa mataa dhiiraafi dubartootaa sirreessuuf gargaaran ni tarreessuu.
- Tooftaalee bu'uuraa risfeensa mataa dubartootaa qilleensaan gogsuuf barbaachisan addaan ni baasu.
- Gochaalee bu'uuraa barbaachisoo qeensaa fi harkaa kunuunsuuf fayyadan ni himu.
- Meeshaalee ho'aan (istiraalaayizeeshiinii) fi kemikaalaan (disinfection) jarmoota to'achuuf barbaachisan addaan ni baafatu.
- Akkaataa shaampoo, kondiishinaraafi qilleensaan gogsuu itti fayyadaman ni tarreessu.
- Gochaalee bu'uuraa gogaa kununsuuf taasifaman ni himu.

4.1. Kunuunsa Rifeensaa

Gaafilee xinxalaa

Rifeensa kunuunsuu jechuun isiniif maal jechuudha?
Rifeensa mataa keessanii kunuunsuuf maal gochuu qabdu?

Kunuunsa mataa jechuun qulqullinaa fi bareedina rifeensa mataa nama eeguu jechuudha. Innis kan of keessatti qabatu rifeensa mataa qulqulleessuu, yeroo ilaalan bareedaa akka ta'u gochuu, mala fi meeshaa garaa gara fayyadamuun hawwataa akkaa inni ta'u gochuudha. Kunuunsi rifeensaa, gosa rifeensa fi adeemsa addaa addaa rifeensa bareechuuf gargaaramnu irratti hundaa'uun garaa gara ta'uu danda'a. Rifeensi hundi wal- fakkaataa miti; kanaaf, rifeensi garaa garummaa dhala namaa gidduu jiru agarsiisa.

Kunuunsi rifeensa aadaa fi amala rifeensaa nama tokkoo irratti hundaa'uun garaa gara ta'a. Tajaajilli kunuunsa rifeensaa kan keennamu mana bareedina rifeensa mataa shamaranii (saalonii), mana rifeensa mataa dhiiraa sirreessan (saalonii) fi deeyi saapsii (bakka tajaajila kunuunsa kennamuun fayyummaa, bareedinaa fi gammachuu argaman) akkasumas,wantoota kunuunsa rifeensaaf barbaachisan gabaarra bitachuun manatti gargaaramuun ni danda'ama.

Kunuunsi rifeensa mataa carraa ogummaa isa tokkoo ta'ee galii argamsiisuufi maatii hutubuuf kan gargaaruudha.

Gocha 1

Naannoo keeti namootni mataa sirreessan jiruu? Yoo jiraatan, gochaalee isaan rifeensa mataa sirreessuuf gaggeessan barreessuun barsisaa keetitti agarsisi.

4.1.1. Haala sirreeffama rifeensa mataa dhiirootaa

Rifeensa sirreessuu jechuun hojii rifeensa mataa sirreessuun akka inni hawwataa ta'u gochuu ykn adeemsa qulqulleessuu, boca rifeensa mataa miicuudhaan dabaluufi jijjiiruu, rifeensi akka dhaabatu gochuu, rifeensi akkaa lallaafu gochuu, maruufi muruu, qalama dibuun nama tokkoo bareedaa gochuuti. Fedhii maamilaa irratti hundaa'uun kan armaan olitti tarreeffaman muraasa ykn hunda isaanii gargaaramuun nama tokkoo bareechuun ni danda'aama. Kaayyoon isaas nama dhunfaa tokkoo haala isa gammachisuun akka inni bareedee hawwataa ta'u gochuudha. Akkaataa(Istaayiiliin) rifeensa haala rifeensi ittin muramuufi bocuudha.

Fakkeenyaaf Itoophiyaa keessatti namootni garaa gara akkaataa adda addaan rifeensa mataa muratu (Fakkii 4.1 armaan gadii ilaali)



Fakkii 4.1: Akkaataa sirreeffama rifeensa mataa uummattoota Itoophiyaa muraasa

Mala sirreeffama rifeensa mataa kan jabanaa keessatti, namootni mataa sirreessan bifa garaa garaan qajeelchituu akkaataa (style guide) gargaaramuun rifeensa mataa sirreessu(Fakkii 4.2 armaan gadii ilaali).



Fakkii 4.2: Qajeelchituu akkaataa sirreffama (Istaaayilii) mataa dhiirootaa

Gocha 2

Akkaataa sirreffama ykn istaayiloota rifeensa mataa dhiirootaa Itoophiyaa keessatti muuraman tarreessuun deebii isaa barsisaa keessaniif dhiyeessaa.

Namootni mataa sirreessan tajaajila mataa sirreessuu sirriitti kennuuf mala (teekinikaa)fi qajeelfamoota(principles) bu'uuraa beekuu qabantu jiru. Namni rifeensa mataa sirreessu tokkoo bu'uura sirreefama rifeensa mataa dhiirootaa beekuu qaba (maloota bu'uuraa arfan rifeensa mataa sirreessuuf gargaaran).


A) Mala bu'uuraa arfan rifeensa mataa sirreessuuf gargaaran

Mali kun kan gargaaramu maqasii lama, filaa maqasii, maashinii rifeensa mataa muru, haadduu maashinii ri`feensa mataa murufi filaa maashinii rifeensa mataa murufa'i.

1. Mala rifeensa mataa maqasii harka irraa kaa'uun muruu

Malli kun maqasii harka irra kaa'uun baqqaana rifeensaa dalgee ykn olee

baasuun muruun ta'a (Fakkii 4.3 armaan gadii ilaali). Istaayilii rifeensaa (hair style) akkaataa rifeensi itti muramuufi bocamuudha.



Fakkii 4.3: Mala rifeensa mataa maqasii harka irraa kaa'uun muruu

2. Mala rifeensa mataa maqasii filaa irraa kaa'uun muruu

Malli kun maqasii filaa irra kaa'uun baqqaana rifeensa dalgee ykn olee baasuun muruun ta'a. Mala kana kan fayyadamnu rifeensa xixiqqoo sirreessudhaaf, Akkasumas, qarqara rifeensa mataa bocuuf fayyada. Rifeensa mataa lallaafaa sirreesuuf malli kun gaariidha (Fakkii 4.4 armaan gadii ilaali).



Fakkii 4.4: Mala rifeensa mataa muruu maqasii filaa irraa kaa'uun muruu

3. Mala rifeensa mataa maashinii rifeensa mataa filaa irraa kaa'uun muruu

Malli kun dandeettii bu'uuraa rifeensa mataa dhiiraa sirreessuuti. Innis, maashina rifeensa mataa muru gargaaramuun isaa irraa kan hafe mala rifeensa mataa maqasii filaa irraa kaa'uun muruu wajjin wal fakkaata. Mala rifeensa mataa maqasii filaa irraa kaa'uun muruu, rifeensi mataa akka lallaafaa fakkaatu yommuu taasisu, malli kun immoo akka rifeensi haadamaa fakkaatee mul'atu taasisa.

Namni mataa sirreessu maashinii mataa sirreessuufi filaa sirrii qaama mataa bakka sirreessaa jiru irratti hundaa'uun filata (Fakki 4.5 armaan gadii ilaali)





Fakkii 4.5: (a) Mala rifeensa mataa maashinii rifeensa mataa filaa irraa kaa'uun muruu (b) Rifeensa mataa maashiniin sirreessuu

4. Mala haadduun gogaa irraa rifeensa muruu

Malli kun yeroo baay,ee erga rifeensi sirreeffame booda sarara baasuufi xumurudhaaf fayyada. Kanas, kan gargaaramnu rifeensa mataa muramee haphate ykn gabaabbate haadduu maashinii ykn qabsiiftuu fayyadamuun haaduun ta'a. Akkasumas, malli kun naannoo/ qarqara rifeensa mataa sirreessuufi rifeensa saggoo irraa duuguuf (haaduuf) fayyada. Namootni rifeensa mataa sirreessan rifeensa karaa mataa fuula duraa gadi dheeratan kukutuufis itti fayyadamu. Dabalataanis rifeensa naannoo gurraatti sarara baasuuf ni fayyadu (fakkii 4.6 armaan gadii ilaali).



Fakkii 4.6: Mala haadduun gogaa irraa rifeensa muruu

Gocha 3

Mana rifeensa mataa dhiirotaa sirreessaan naannoo keessaanitti argamu daawwachuun tartiiba isaan ittiin rifeensa sirreessan tarreessuun barsiisaa keessaniif gabaasaa.

4.1.1.1. Wantoota Haala Sirreeffama Rifeensa Mataa Irratti Dhiibbaa Uuman

Kemikaalaa kana dura fayyadamaa turan, parsantii rifeensa gurrachaa, fedhii maamilaa, meeshaa ittin gargaaraman, rifeensi dabalamu jiraachuu isaa,

istaayilii rifeensa mataa wajjin wal fakkaatu jiraachuun haala sirreeffama rifeensa mataa dhiiroota irratti dhiibaa guddaa uumu.

- **Haala rifeensaa:** gogaa, dibata kan qabu, uumama isaa kan hin gadhiifne, kemiikaala kan qabu, cimina(jabina), qaawwina ykn haphina(dandeettii jiidhina xuuxuu).
- **Akkaataa sirreeffamaa(istaayilii sirreeffamaa):** baqqaana wal fakkaataa, dheerina tokkoo, giraaju'eshinii gabaaba, giraaju'eshinii dheeraa.
- **Tempireecharaa:** ho'aa qaamaa, tempireecharaa mana rifeensaa, ho'a dabalataa.
- **Yabbina:** gaarii, gidduu galeessaafi yabbuu
- **Dheerina:** gabaabaa, gidduu galeessaafi dheeraa
- **Gobbina:** gaarii, giddu galeessa, gobbuu
- **Fakkaatti guddinaa:** rifeensa mataa dhaabbatu(cowlick), rifeensa mataa boca V qabu (widows peak), moluu, rifeensa gutuu mataa irratti geengoo lama qabu(double crown)
- **Haala gogaa:** ifaa, giddu galeessaa, gurraachaa
- **Boca fuulaa:** geengoo, molaalaa,rog arfee, oldheeraa,onnee
- **Hamma mataa:** guddaa, giddu galeessaa, xiqaa
- **Maraa mataa:** jabaataa, laafaa, danbalii(wave)
- **Haala jireenyaa:** hojii, maatii, faayinaansii

4.1.1.2. Eegumsa Barbaachisaa Rifensa Mataa Dhiirotaf Taasifamu Qabu

Mana rifeensa mataa dhiirootaa sirreeffamu keessatti eegumsa barbaachisu hordofuufi qulqullinaa isaa eeguun gochaalee rifeensa mataa sirreessuu isa barbaachisaa dha.

1. Rifeensa Miicuun Qulqulleessuu

Rifeensa mataa miicuun dafqa, zayitaafi wantoota hin barbaachifne rifeensa mataafi gogaa mataa irraa qulleessuudha.Yeroo baay,ee rifeensi mataa yeroo qaama dhiqannu shaampoodhaan miiccana. Kunis shaampoo fi bishaan mataatti naquudhaan ta'a. Yeroo baay'ee kondiishinaraa kan fayyadamnu erga shaampoon dibnee booda baqqaana zayitaa rifeensa mataa laaffisuudhaaf itti fayyadamna. Isaan booda shaampoo irraa miicuun rifeensi shakaara'aa akka ta'u godha. Kondishiinariin baqqaana eegumsaa uumuun rifeensi akka hin miidhane taasisa(Fakkii 4.7 armaan gadii ilaali).



Fakkii 4.7: Rifeensa mataa miicuun qulqulleessuu

Gocha 4

Garaa garummaan shaampoofi kondishiinaraa jidduu jiruu maali? Deebii kee barsisaa keetitti agarsisi.

2. Rifeensa halluu dibuu

Rifeensa halluu dibuun adeemsa halluu rifeensaatti dabaluu ykn halluu rifeensa irraa balleessuuti. Adeemsi kun halluu dabaluufi balleessuu irratti hundaa'uun rifeensa halluu dibuu ykn addeessuudha. Halluu baay'een baqqaana zayitaa rifeensa mataa akka banaman gochuun jijjiirraan halluu(bifaa) baqqaana zayitaa keessatti akka gaggeeffaman taasisu. Adeemsi kemiikaalaa gargaaramuun bifa rifeensaa jijjiruu baqqaana zayitaa rifeensa mataa miidhuu danda'a ykn caasaa keessoo rifeensa mataa miidhuun akka inni goggoogu, dhadhabaa ta'u, caccabufi ciisu godha (fakkii 4.8 armaan gadii ilaali).



Fakkii 4.8: Rifeensa halluu dibuu

3. Parmii fi kemiikaalaan rifeensa mataa qajeelchuu

Parmii fi laaffistuun kemiikaala caasaa keessoo rifeensaa jijjiruun akka inni maramuu ykn akka inni dhaabbatu godha. Rifeensa mataa kemiikaalaa dibamee hin beekne irra rifeensi parmii dibamee beekuu dhadhabaa waan ta'eef suuta suutaa fi of eeggannoon parmii dibuu gaafata(fakkii 4. 9: armaan gadii ilaali).



Fakkii 4.9: Rifeensa parmii dibame

4. Caccabuufi miidhaa rifeensa mataa kan biroo

Rifeensi kan miidhamu yeroo dheeraaf keemiikaalaa yoo dibame, yeroo dheeraaf ykn irraa deddebiin ho'aaf yoo saxilameedha. Zayitiin rifeensa mataa shaakarra'aafi gogaa mataa gogaadhaaf gaarii miti. Sababni isaas, kunuunsa mataa hir'isuun rifeensi mataa akka buqqaa'uufi caccabu godha.

Gogaan mataa maxxantoota akka injiraanii,cinii, dhukkuuba hundee rifeensa mataa miidhuufi faangasiif saaxilamuu danda'a. Qabiyyeen kemiikaalaa shaampoofi kondishiinaraa keessa jiran gogaan mataa akka rifatu (allergic reactions) gochuu danda'u. Osooma guyyaa guyyaan micamuu madaan xiqqaan gogaa mataa irratti torban muraasaaf turu argamuun rakkoo fayyaa gogaa mataa agarsiisa.

5. Rifeensaa mataa gutumaan dhabuu

Namootni tokko tokkoo rifeensa mataa isaanii of irraa aaduu filatu, kaan garuu, sababoota dhukkubootaa rifeensa mataa namaa irraa fixan ykn kan akka rifeensi mataa addamu nama murteessisanin ta'a. Fakkeenyaaf, kaansarii tokko tokkoo.

Gocha 5

Nama mataa dhiiraa sirreessu naannoo mana baruumsaa keetii jiru akkaataa itti rifeensa mataa kunuunsaniifi qulqullina isaa eeguun sirreeffamu gaafadhu.

4.1.2.Meeshaalee Rifeensa Mataa Sirreessuuf Gargaaran

Meeshaaleen rifeensa mataa sirreessuuf gargaaran teessoo, maashina rifeensa ittin sirreessan, uffata, daakuu, burushii mataa,filaa, daawwitii, cululuqsituu rifeensaa, keemikaala fara faalamaa, kireemii rifeensaa, gogsituu rifeensaa, afuuftuu rifeensaa,jeelii rifeensa gogsitu, maqasii,biiftuu rifeensaa, gagaa rifeensaa, burushii haadduu, zayitaa haadduu, kakaastuu rifeensaa, haadduu qajeelaa, qartuu, hafaa lafaa,saamunaa haadduu, kireemii haadduu(Fakkii 4.10 armaan gadii ilaali).



Fakkii 4.10: Meeshaalee rifeensa mataa sirreessuuf gargaaran

Gocha 6

Meeshaalee rifeensa mataa dhiirootaa sirreessuuf gargaaran tarreessaa.

4.1.3. Akkaataa Rifeensi Mataa Dhiirootaa Itti Sirreefamu

Yoo yeroon laatamee fi sirriitti hordoofame rifeensa mataa sirreessuun salphaadha. Maqasii ykn maashinii elekitirikiin hojjatu ykn lamaan isaa wal-faana gargaaramuun ni danda'ama. Nama rifeensa sirreeffatu, rifeensi isaa hangam akka gabaabbatuu fedhu; akkamitti akka sirreeffachaa ture fi gara fulduraatti akkamitti sirreeffachuuf akka karoora qabu gaafadhu. Ofitti amanamumaa qabaadhu.Shaakaluun karaa ittin dandeettii kee fooyyeeffattuudha.

Tartiiba barbaachisoo rifeensa mataa dhiirootaa sirreessuuf gargaaran armaan gadiitti tarreeffamanii jiru.

Tartiiba 1. Sirreessuuf qophaa'uu

- Nama mataa sirreeffatu, akkamitti sirreeffachuu akka barbaade gaafadhu.
- Akkaataa itti murtuu filadhu.
- Yeroo gahaa akka qabdu mirkaneeffadhu.
- Hojii jalqabuuf haala mijeessi, yeroo hundaa rifeensa qulqulleessuun eegali.
- Filaadhaan rifeensa fili.

Tartiiba 2: Maashiniin gaggabaabsuu

- Fiixee mataa maashinii filadhu
- Maashinii barruufi quba kee jalqabaa lamaan gidduutti qabadhu.
- Mataa sirreessuu jalaa eegali.
- Dudda duuba mataatti sarara baasi.
- Cina lachanuunis sarara baasi.

Tartiiba 3: Rifeensa mataa gubbaa fi rifeensa addarratti gadi bu'u sirreessuu.

- Rifeensaa mataa gubbaatti bishaan firfirsuu.
- Rifeensaa mataa gubbaa muruu.
- Erga sirreesitee booda fili
- Rifeensaa mataa gubbaa walitti rukutuu(waliin makuu)
- Rifeensa addarratti gadi bu'u (bangs) sirreessuu

Tartiiba 4: Rifeensa waliin makuufi xumuruu

- Maqasiin kan sirreeffamee fi maashiniin kan sirreeffame waliin makuu.
- Qarqara rifeensa mataa fi morma irraa rifeensa sirreessuu.
- Yeroo dhumaaf filuu.
- Yeroo dhumaaf rifeensaa miicuu.
- Osoo namichi teessoo irraa hin bu'in lafa qulqulleessuu

Gocha 7

Mana rifeensa dhirootaa sirreessan daawwachuun adeemsa rifeensa sirreessuuf taasifamu barsiisaa keetif gabaasi.

4.1.4. Akkaataa rifeensa mataa Dubartoota itti sirreeffamu

Rifeensa bareechuun (Hair styling) shaampoodhaan rifeensa miicuu, looshinii ittiin bareechan itti naquu, rifeensa martuu rifeensaa irra kaa'uu, ergasii booda osoo gara istaayilii maraa lallaafatti hin bocin suuta suutaan gogsuu of keessaatti qabata.

4.1.4.1.Tooftaalee Bu'uuraa Rifeensa Mataa Dubartoota Sirreessuuf Fayyadan

Tooftaalee bu'uuraa rifeensa mataa shamarranii sirreessuuf fayyadan qilleensaan gogsuu(diriiraa, uuf liiftii, sochii(movement)),qajeelchuu, laaffisuu, maruu(danbalii, hidhaa),goggogsuu qubaa(uumama fakkaataa, qoraattii gochuu), rifeensa ol qajeelchuu (shinshinii,maraa,naannoo)(fakkii 4.11 armaan gadii ilaali).





Fakkii4.11: Akkaataa sirreeffama rifeensa mataa dubartoota

Adeemsa qophii rifeensa mata dubartoota bareechuuf barbaachisu:

- Of qopheessuu
- Maamila qopheessuu
- Naannoo hojii qopheessuu

Gocha 8

Gareen tahuun gosoota sirreeffama rifeensa mataa dubartoota Itoophiyaafi naannoo keetti hojjetaman tarreessi

4.1.4.2. Tooftaalee afuufanii rifeensa dubartoota gogsuu

Kutaan kun kan inni barattoota gargaaru danddeettii fi beekumsa ittiin haala itti rifeensa addaa baafatanii fi furdina rifeensa mataa hojjachaa jiranii beekuun rifeensicha hojjachuuf wantoota afuufanii gogsuuf barbaachisan filachuudhaaf. Rakkoo rifeensaa isa kamtu mudachuu akka danda'uufi akkaataa rakkinicha itti to'atamu ni beekta(fakkii 4.12 armaan gadii ilaali).



Fakkii 4.12: Afuufanii rifeensa shamarraii gogsuu

Gocha 9

Gareen ta'uun afuufanii rifeensa gogsuun maal akka ta'e irratti mari'adha.

4.1.4.3 Wantoota Haala Sirreeffamaa Rifeensa Mataa Irratti Dhiibaa Geessisan

Kemiikaalaa kana dura fayyadamaa turan, fedhii maamilaa,meeshaa ittin gargaaraman, rifeensi dabalamu jiraachuu isaa, istaayilii rifeensa mataa wajjin wal fakkaatu jiraachuu haala sirreeffama rifensa mataa dhiirootaa irratti dhiibbaa guddaa uumu.

- **Haalaa rifeensaa**:gogaa,dibata kan qabu, uumama isaa kan hin gadhiifne, kemiikaala kan qabu, cimina(jabina)qaawwina ykn haphina(dandeettii jiidhina xuuxuu).
- **Akkaataa sirreeffamaa**(istaa'elii sirreeffamaa): baqaana wal fakkaataa,dheerina tokko, graaju'eeshinii gabaabaa, giraaju'eeshinii dheeraa.
- **Tempireechera**: ho'a qaamaa, tempireechera mana rifeensaa,ho'a dabalataa.
- **Yabbina**: gaarii, gidduu galeessaafi yabbuu
- **Dheerina**: gabaabaa, gidduu galeessaafi dheeraa
- **Gobbina**: gaarii, giddu galeessa, gobbuu
- **Fakkatti guddinaa**: rifeensa mataa dhaabatu(cowlick), rifeensaa mataa boca v qabu (widows peak), moluu, rifeesa guutuu mataa irraatti geengoo lama qabu(double crown)
- **Haala gogaa**: ifaa, giddu galeessaa, gurraachaa
- **Boca fuulaa**: geengoo, molaalaa,rog arfee, oldheeraa,onnee
- **Hamma mataa**: guddaa, giddu galeessaa, xiqaa
- **Maraa jiru**: jabaataa, laafaa, danbalii(wave)
- **Haala jireenyaa**: hojii, maatii, faayinaansii

4.1.4.4. Omishaafi meeshaalee sirreefama rifeensa mataa dubartootaf fayyadan

Omishni garaa garaa yabbina fi boca rifeensaa jijjiiruuf akkasumas mataa hojjatame qabee dhaabuuf gargaara. Oomishni muraasni mataa hojjachuuf gargaaran: looshinii,kireemii, si'eessituu,jeelii, ittistoota ho'aafi jiistota(moisturizers)(fakkii 4.13 armaan gadii ilaali).



Fakkii 4.13: Oomisha mataa shamarranii sirreessuuf fayyadan

Gogsituu harkaan qabamu, gogsituu cuftuu, bittimsituu, burushii geengoo, burushii battee, martuu limmootti qabate, limmoo martee fannistu, dhaabduu,qabduu martuu, martuu ho'aa, baallee, huccuu ittiin mataa hidhan, filtuu,burushii,martuu(gabaabaa, gidduu galeessaa, dheeraa), fannistuu(mataa lamaaf mataa tokkoo), limmoo, qabsiistuu(fakkii 4.14 armaan gadii ilaali).



Fakkii 4.14: Meeshaalee rifeensa mataa hojjachuuf gargaaran

Gocha 10

Kophaa kophaa ta'uun mana rifeensa mataa dubartoota naannoo kee jiru daawwachuun:

1. Adeemsa isaan fayyadamanii rifeensa bareechan tarreessi.
2. Meshaalee isaan itti gargaaraman barreessi.

4.2. Kununsa Harkaa/ Qeensaa

Qeensa qoruun fi sirreessuun hamma faangasii qeensa keessaa xiqqeessuuf gargaara. Akkasumas, dukkubii yeroo qeensi jabaatu dhiibbaa dhufuu hir'isuuf gargaara(fakkii 4.15 armaan gadii ilaali).

Meeshaaleen kunuunsa qeensaa, meeshaalee tajaajila qeensa kununsuu keessaatti gargaaran kan dhaabbataa fi waara'aa ta'anii harkatti ka'atamaaniidha.

1. Hojjataan qophaa'uu
2. Moodela qopheeffachuu
3. Bakka hojii mijeessuu
4. Omishaa fi meeshaalee itti fayyadaman qopheessuu



Fakkii 4.15: Kununsa harkaa/ qeensaa

Gocha 11

Meeshaalee kununsa harkaa/ qeensaa naannoo keetti fayyadaman barreessuun barsiisaa keef gabaasi.


4.3. Isteeraalaayizeeshiniifi Disinfeektaantii

4.3.1. Isteraalaayizeeshinii (Sterilization)

Kun mala qulqulleessu isa jabaa ta'eedha. Isteraalaayizeeshiniin baakteeriyaa, fangasiifi vaayirasii hunda balleessa. Kunis meeshaalee itti gargaaramne qulqulleessuf baay'ee barbaachisaniidha.

Meeshaalee fi oomisha isteeralaayizeeshiniif itti fayyadamnu:

- Alkooliin harka qulqulleessu
- Saamunaa dhangala'aa
- Fooxaa erga itti fayyadamnee booda gatamu
- Giloovii(golga harkaa) erga itti fayyadamnee booda gatamu
- Konteenaraa mallattoo qabu, jabaafi miicamuu, kan meeshaalee itti fayyadamne qabatu (fakkii 4.16 armaan gadii ilaali).



Fakkii 4.16: Qulleessuu

4.3.2. Disinfekshinii (Disinfectant)

Disinfekshiniin baakteeriyaa fi faangasii meeshaalee irra jiran ajjeesuuf gargaara, garuu hunda isaanii hin ajjeesu. kemiikaalli hundi dandeettii ajjeesuu wal qixa hin qaban, akkasumas dhukkee baakteeriyaa(bakteria spore) ajjeesuu hin danda'an.

Daddarbiinsa baakteeriyaa hambisuuf, meeshaaleen yeroo hunda maamilli tokkoo erga itti fayyadamee booda qulqulleeffamuu qabuu . Manni rifeensa mataa hojjatan, meeshaa isaanii qulqulleessuuf bulbula cabsaa (barricade solution) filatu. Haa ta'u malee, kun qofaan ga'aa miti. Meeshaaleen yeroo hunda osoo kemiikaalaan hin qulqulleeffamin dura saamunaa bishaanii ho'aa dhaan miicamuu qabu. Kanaan booda, eeggannoon gogfamuun bakka qulqulluu ta'e kuusuudha.

Qabiyyeen mala kanaaf gargaaramnu:

- ✓ Dhangala'aa micuuf gargaaruu
- ✓ Saamunaa dhangalaa'aa
- ✓ Shaampoo

Erga meeshaa qulqululleessinee boodaa bishaaniin kemiikalicha irraa miicuu qabna.

Gochaa 12

Garaagarummaa Ho'aa fi keemiikaalaa jeermota to'achuu gidduu jiru adda baasi.

4.4. Shaampoo fi kondiishinera dibuu

Shaampoo fi kondishiinaraa oomisha kosmootikaa bifa dhangla'aa, kireemii, jajjabaa ykn daakuudhan dhiyaatan ta'anii kan wantoota sarfakitantii (surfactant substances) irraa hojjatamani fi rifeensa qulleessuufi kunuunsuuf kan gargaaraniidha (fakkii 4. 17 armaan gadii ilaali).

Miiccaan bu'uuraa rifeensa mataa kan gaggeeffamu bishaaniin. Garuu bishaan qofti coomaa/zayita waliin walitti hin makamu. Kanaaf, yeroo bishaanin rifeensa miicinu kemiikaala/diiterjentii cooma caccabsu danda'u itti dabaluun akka xuriin gogaa mataafi rifeensa mataa bulbulamu gochuutu barbaachisa. Shaampoon kan dibamu rifeensa jiidhaati riguudhaan ta'a. Kunis kan gargaaru danddeettii miiccamuu isaa waan dabaluufiidha. Miiccaa rifeensaa ariifachiisuuf bishaan ho'aa gargaaramuutu gaariidha(fakkii 4.17 armaan gadii ilaali).



Fakkii 4.17: Shaampoo

Gocha 13

Mana bareedina rifeensa mataa daawwaachuun adeemsa ittiin shaampoofi kondiishinera diban tarreessi.


4.5. Kunuunsa gogaa

Kunuunsi gogaa gochaalee ijaarsa gogaa jabeessan kan gogaan akka bareedaafi haalli isaa gaarii ta'uu godhaniidha. Gochaaleen kunis haala sooratаa, yeroo dheeraaf aduuf of saaxiluu dhiisuu, dibata sirrii gogaa laaffisu gargaaramuu of keessatti qabata. Gochaalee gogaan akka bareedaa ta'uu taasisan keessaa tokkoo kosmootiksii fayyadamuudha.

Haaloota akkaa gogaa baay'ee jiidhaa ykn baay'ee gogaa qabaachuu, dhukkuboota gogaa irraa of eeguufi gogaan akka hin miidhamne taasisuuf kunuunsi gogaa gocha baramaa guyyaa guyyaan taasifamuudha. Kunuunsi gogaa qaama yaalaa madaa fayyisuu, xiyyaa ifaan yaaluu (radiation therapy) fi qorichoota mursaati.

i. Gosoota kunuunsa gogaa

Gosoota kunuunsa gogaa baay'eetu jiru. Isaan keessaa tokkoo kunuunsa gogaa fuulaati. Innis kan of keessatti qabatu istiimii, eksfooliiyeshinii (fiziikaala yookin kemiikaala), baasuu(extraction), kireemii, looshinii, maaskii fuulaa, quncisuufi rirriituu fa'i. Kunis kan gaggeeffamu mana bareedina ykn saaloniiti. Kunuunsa gogaa fuulaa kan fayyadu fayyaa walii gala gogaaf ykn haala gogaa murtaa'eef ta'a(fakkii 4.18 armaan gadii ilaali).



Fakkii 4.18: kunuunsa mataa fuulaa

ii. Oomishaalee kunuunsa gogaa bu'uraaf barbaachisan

Kosmootiksiin ijaarsa wal-makaa kompaawundoota kemiikaalaa kan maddaa uumamaa irraa argaman ykn namaan kan oomishaman ta'uu danda'u. Kosmootiksiin faayidaa addaa addaa qabu. Kosmootiksiin nama dhunfaaf kunuunsa gogaaf qophaa'e, qulqullinaa ofii eeguuf akkasumas, qaama ykn gogaa kunuunsuuf itti fayyadamuun ni danda'ama. Kosmootiksiin bifa nama tokkoo jijjiruuf qophaa'e immoo muddaa dhoksuuf, bifa uumamaa nama tokkoo jijjiiruuf (nyaaraafi rifeensa ijaa), fuula nama tokkootti halluu dabaluuf, bifa fuulaa nama tokkoo jijjiruun nama biraa fakkeessuuf itti fayyadamuun ni danda'ama. Akkasumas kosmootiksiin qaama namaatti simboo dabaluuf ni qophaa'u (fakkii 4.19armaan gadii ilaali)



Fakkiin 4.19: Kosmootiksii gosa garaa garaa

Gocha 14

Naannoo keetii gidduu gala itti gogaa kunuunsan dhaquun meeshaalee itti fayyadaniifi adeemsa isaan gogaa kunuunsuuf taasisan barreessi.

Danddeetti horattee irratti hundaa'uudhaan, tarii biizinasii xixiqqaa jalqabuuf fedha agarsiisuu dandeessaa. Karoora akkasiif yaada boqonnaa sadii dhumatti isiniif kenname yaadadhu.